# Abbaa Qur'aanaatiin ni jedhama: qara'i, ol ba'i, akka duuniyaa irratti qara'aa turte sanattis qara'i, qubsumni kee bakka aayaa dhuma irratti isii qaraatuuti

Abdullaah bin amrii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Abbaa Qur'aanaatiin ni jedhama: qara'i, ol ba'i, akka duuniyaa irratti qara'aa turte sanattis qara'i, qubsumni kee bakka aayaa dhuma irratti isii qaraatuuti».
[hasani] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin kubraa keessatti,ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- nama qur'aana qara'u, kan waan isa keessa jirutti hojjatu, kan isa qara'uu fi qomatti isa haffazuun yeroo mara isaan woliin jiruun yeroo jannata seenetti akkas akka jedhamuun himani: qur'aana qara'i, isaan darajaa jannataa keessa ol ba'i, akkasuma akkuma duuniyaa keessatti isa qara'aa turtetti suutaa fi tasgabbiin isa qara'i, qubsumni kee bakka aayaa dhuma irratti isii qaraatuuti.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65054

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee